ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: 31 Bitootessa 2010 Lakk: 012/ABO/02/10

Ibsa Maree ABO Dhinsuu fi Humneessuu

Addi Bilisummaa Oromoo (ABOn) erga bu'uurfame eegale hanga hardhatti injfannoo gurguddaa galmeessuun as ga'un saa beekamaa dha. Hardhas, gufuun tokkoo tokkoo dura haa dhaabbatan malee, qabsoo ummata Oromoo galmaan ga'uf akeeka ganama manaa baheef osoo gad hin dhiisin waliigaltee qabsaa'ota bilisummaa Oromoo hunda haammatu dhugoomsuuf tattaaffii ol'aana ABOn itti jiruu abdachiisaa dha.

Dirqama qabsoon gaafatu guutummaatti mo'achuuf, qabsoo bilisummaa milkiin xumuru fi jireenya ummata Oromoof wabii argamsiisuuf ABO deebisanii dhinsuu, gurmuu qabsaaota Oromoo walabaa deebisuu fi humneessuun gaafatama qabsa'otaa fi waligala ummata Oromoo ti.

Garaagarummaa fi diigaminsa mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti baroota hedduuf babal'achaa fi hidda gadi fageeffachaa dhufe mariin furuun (dachaasuun) gaaffii yeroo ti. Feedhiin kun kan qabsaa'otaa qophaa osoo hin taane hunda caalaa abdii fi hawwii ummata Oromoo ti.

Dheebuu sabaa kana deebisuun ABO bu'uura kaayyoo walabummaa Oromiyaatii fi bilisummaa ummataa qabsaawootan ganama karoorfame irratti deebisanii ijaarudhaaf qaamota ABO J/Dhugaasaa Bakakkoo fi J/Kamaal Galchuun hogganaman gidduutti mareen geggeefamaa ture walhubannoo ol'aanaa irra akka ga'e ummata keenyaa fi qabsaa'ota Oromoof yeroo labsinu gammachuu fi qabsoo hadhaawaa nu eeggatuuf wareegama barbaachisuu kafaluuf akkuma kaleessaa hardhas qophaawoo ta'udhaani. ABO dhinsuuf humneessuun qaamota maqaa ABOn socho'an hunda kan hammatu osoo ta'ee waan filatamuuf yaaliin hunda waliti fiduu itti fufa. Hojiin nu afatu wal-hubanno kana irratti irkachudhaan gara tokkummaa keenya dhugoomsuuti deemuu ta'a. Kunis yeroo gabaaba keessatti milkiin ni baha jennee abdanna.

P.O.Box 21762, Washington DC, 20009, USA Tel: (202)-521-5653
E-mail: waajjira@oromoliberationfront.info

Akeekni ABO haga harraatti wareegama qaalii itti kafalee fi amantaa ummatas itti horatee akeeka ummata Oromoo bilisa baasuun Oromiyaa walaba ijaaruu ti. Tokkummaan ABO fi gurmuu qabsaa'ootaa kan deebi'ee ijaaramus akeeka kana irraatti.

Waamicha:

1. Akeeka eebbifamaa gurmuu qabs'ootaa deebisanii ijaarudhaan ABO tokkomsuu, dhinsuu, haaromsuu fi humneessuu kana akka fixaan baasnuuf qabsaa'onni fi ummatni Oromoo akka nu bira dhaabatu waamicha sabummaa dabarsina.

2. Qabsaa'oonni Oromoo miidhaan diini Oromoo irraan ga'aa jiru yeroo haalee irra daran akka haamaate, ummatichi ittisa tokko malee saamamaa fi gidiramaa akka jiru, yeroon yeroo teenyee qabsoo ummataa irra dantaa mataa keenyaa ykn murna keenyaa filannu akka hin taane hubatanii sochii eebbifamaa tokkummaa qabsaa'ota kaayyoo ifaa irratti dhugoomsuu kana irratti akka hirmaatan waamicha dabarsina.

3. Ummata ijaarame dantaa ofii tikfachuu danda'eetu garbuummaa of irraa cabsee jireenyaa nagaa, tasgabii, gammachuu, qananii fi badhaadhinaa dhugoomfata. Kanaafu ABO tokkomsuun wal qabatee, akeeka ABO dhaabateef fixaan baasudhaaf jaarmaa fi tokkummaa kee cimsuudhaan dantaa kee tikfachuuf of qopheessi jenna.

4. Garaagarummaa fi jeeqamasa mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti dhalteen carraa argatee dinni biffa adda addaan tokkuummaa ummata Oromoo diiguuf tattaaffi gochaa jira. Ummatuma keenya keessatti kan margan yaada teellatti hafaa kan qabanis garagarummaa xixiqqaa gartulee siyaasaa gudduu jiran afarsuun bubbule jira. Haa ta'u male garaagarummaa xixiqqaa irra taruun diina kalattii isaa biyya keenya saamee gurgurata jiru irratti xiyyeefatuuf dursine akeeka bilisummaa jalatti wal haa gurmeesinu.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo